# Rabbiin ummata kootiif waan lubbuun isaanii isaanitti odeessite dhiiseefii jira, hanga isa hin hojjatinitti yookaan hanga isa hin dubbatinitti

Abuu Hurayraa iraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin ummata kootiif waan lubbuun isaanii isaanitti odeessite dhiiseefii jira, hanga isa hin hojjatinitti yookaan hanga isa hin dubbatinitti».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- muslimni haasawa hammeenyaa kan lubbuun isaa haasoftuuf akka itti gaafatamne himani, yoo isa hojjate yookaan isa dubbate malee, Rabbiin ilma namaa irraa rakkina waan kaasee fi dhiifama waan godheef, Rabbiin waan qalbiin isa irratti osoo hin ragga'inii fi isa biratti hin qubatin sammuu keessatti argamee lubbuu keessa asiif achi dedddeemeen ummata muhammad -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hin qabu; qalbii isaa keessatt wanti akka quufaa yookaan boonaa yookaan nifaaqaa qalbii isaa keessatti yoo ragga'e yookaan qaama isaatiin hojjate yookaan arraba isaatiin jedhe wantoota kana itti gaafatama.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/58144

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee